

# **Haqa Abbaan Warraa fi Haati Warraa Walirraa qaban**


Alhamdulillah, akkaata namoonni lamaan fuudhaa heeruma seera-qabeessaan walitti dhufanii mana tokko keessa jiraatan hanga ammaatti ilaala turreera. Amma mana tokko keessa seenanii waliin jiraachu erga jalqabanii mirgaa fi dirqamni isaan bahuu qaban ni jira. Mirgaa fi dirqamni kuni isaaniif yoo hin ibsamin jirenya gammachuu hin qabne jiraachu danda'u. Mirgaa fi dirqama kanniin mata-duree “Haqa abbaan warraa fi haati warraa walirraa qaban” jalatti guduunfun ni danda'ama. Hubanna fi hojji irra oolchuf akka salphatuuf haqa kana bakka lamatti qoonna. Tokkoffaa Haqa Abbaan Warraa Niiti isaa irraa qabu. Lamaffaa Haqa Haati warraa abbaa warraa irraa qabdu.

## **Haqa Abbaan Warraa Niiti Isaa Irraa Qabu**

Maatii irraa kaasee hanga biyya guutuu gahuutti namoonni haqa walirraa qabu. Garuu haqni kuni namaan namaatti ni jijjirama. Haqni namni badhee (alagaa) namarraa qabuu fi haqni namni firaan namarraa qabu wal-qixaa miti. Akkasumas, firoota keessatti sadarkaan haqaa wal caala. Namoonni haqa walirraa qaban galmaan yoo gahan, jirenya jaalalaa fi badhaadhinnaa gaggeessu. Kanaafu, niitin haqa abbaan warraa ishirraa qabuu yoo bakkaan geesse, isaan lachuu bu'aa guddaa argatu. Bu'aalee kanniin keessaa: wal jaallachuu, gammachuu fi tasgabbiin jiraachu, maatii gaarii ijaaru, addunyaa fi Aakhiratti milkaa'u fi kkf dha. Mee haqa abbaan warra niiti isaatirraa qabu muraasa haa ilaallu:

### **1-Wanta inni ajaju keessatti isaaf ajajamuu**

Yommuu abbaan warraa niiti isaa ajaju, ishiin isaaf ajajamuun haqa inni ishii irraa qabu keessaa tokko. Abu Hureeyraan akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW), “Dubartii tamtu gaariidha?” jechuun gaafatame. Innisakkana jechuun deebise, **“Yommuu ilaalu tan isa gammachiistu, yommuu ishii ajaju tan isaaf**



**ajajamtu, lubbuu fi qabeenya ishii keessatti wanta inni jibbuun tan isa hin faalleessinedha.” [An-Nisaa’I 3231](#)**

Garuu wanti inni ajaju wanta gaarii fi shari’aa hin faallessinee ta’uu qaba. Wanta badaa fi shari’aa faallessutti kan ishii ajaju yoo ta’e, isaaf ajajamu hin qabdu. Fakkeenyaf, hijaaba akka baafattu ajajuu, salaata akka dhiistu ajajuu, yeroo laguu isaan akka wal qunnamtu ajajuu. Kunniin hundi wanta badaa fi shari’aa faallessu waan ta’eeef, isaaf ajajamuun hin qabdu. Rasuulli (SAW) akkana jedhan:  
**”لَا طَاعَةٌ فِي مَعْصِيَةٍ، إِنَّمَا الطَّاعَةُ فِي الْمَعْرُوفِ”.**

**“Badii keessatti ajajamuun hin jiru. Ajajamuun wanta gaarii ta’e qofa keessatti.” [Sahih Al-Bukhaari 7257](#)**

Kana jechuun yommuu namni tokko baditti nama ajaju, isaaf ajajamuun hin jiru. Yoo nama dirqisiise lubbuu namaa kan galaafatu yoo ta’e malee badii inni ajajuu hojjachuun hin ta’u. Namni nama tokkoof kan ajajamuun wanta gaarii inni ajaju qofaafii.

## **2-Hayyama isaa malee manaa bahuu dhiisu**

Hayyama isaa malee akkuma feete manaa tan baatu yoo taate, inni ija shakkiit in ishii ilaalu danda’a. Ergasii jibbii fi rakkoon isaan jidduutti uumama. Rabbin Jalla wa’alaa ni jedha:

﴿وَقَرْنَ في بُيُوتِكُنَ وَلَا تَبَرُّجَ الْجَاهِلِيَّةِ الْأُولَى وَأَقِمْنَ الْصَّلَاةَ وَءَاتِينَ أُرْزَكُوَةَ وَأَطِعْنَ اللَّهَ وَرَسُولَهُ وَإِنَّمَا يُرِيدُ اللَّهُ لِيُذْهِبَ عَنْكُمُ الْرِّجْسَ أَهْلَ الْبَيْتِ وَيُظَهِّرَ كُمْ﴾

تَطْهِيرًا ۲۲

**“Manneen keessan keessa taa’aa. Akka mul’ifanna baraa wallaalummaa duriittis miidhaginna keessan hin mul’isinaa; salaatas sirnaan salaataa, zakaas kennaa, Rabbii fi Ergamaa Isaatiifis ajajamaa. Yaa maatii**

**Nabiyyichaa! Rabbiin xurii [badii] isin irraa deemsisuu fi qulqullinna [sirrii] isin qulqulleessu qofa barbaada.** ” Suuratu Al-Ahzaab 33:33

Ajajni kuni jalqaba haadholii manaa Ergamaa Rabbiitiif haa darbuu malee dubartoota amanan biroos kan hammatuudha. **“Akka mul’ifannaa bara wallaalummaa duriittis miidhaginna keessan hin mul’isinaa;”** Warri beekumsi Islaamaa isaan hin geenyee, dubartoonni isaanii miidhaginna ofii mul’ifataa gara alaa bahu. Kuni immoo ibidda fitnaa (qormaata cimaa) qabsiisuudha. Kanaafu, isiniis akka isaanii miidhaginna keessan mul’ifataa fi shittoo dibataa alaa hin bahinaa. Kuni hundi baditti waan nama geessuf. Wanta badii irraa nama dhoowwanii fi qalbii namaa qulqulleessan keessaa salaata sirnaan salaatu fi zakaa kennuudha. **“Dhugumatti salaanni wantoota fokkatoo fi jibbamoo ta’an irraa nama dhoowwa.”** Suuratu Al-Ankabuut 29:45 Kanaafi, itti aansee, **“salaatas sirnaan salaataa, zakaas kennaa”** jedhe. Ergasii akka walii galaatti, **“Rabbii fi Ergamaa Isaatiifis ajajamaa”** jechuun dhaame.

Rabbiin wanta gaariitti kan ajajuu fi wanta badaa irraa kan dhoowwuf dubartoota rakkisuu fi isaan dhiphisuuf osoo hin ta’in sharrii fi rakkoo isaan oofuu fi badii irraa isaan qulqulleessufi. Dubartiin miidhaginna ishii mul’isaa gara alaa yoo baate, sharrii fi rakkoof saaxilamti. Fakkeenyaf, miidhaginna gurraa, mormaa, rifeensaa, boca qaamaa fi kan biroo. Akkasumas, xurii badii keessatti taruun kabajni ishii irraa mulqama. Kuni waan namni hunduu beekudha. Kanaafu, wanta Rabbiin ishii uumee itti ajajee wanta rakkoo fi badii ishirraa deebisuu fi ishii qulqulleessudha.

### **3- Abbaan manaa gara siree yommuu waamu tolee jechuu**

Haqa gurguddoo abbaan manaa niiti irraa qabu keessaa tokko yommuu inni gara sireetti waamu uzrii (rakkoo) yoo hin qabaatin isaaaf tole jechuudha. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: **“Rabbii harka Isaa nafseen tiyya jirtuun kakadhe! Yommuu namtichi niiti isaa gara sireetti waamee ishiin isa diddu, Kan samii keessa jiru (Rabbiin) ishitti dallana hanga inni (dhiirsi ishii) ishitti gammadutti.”** ([Sahih Muslim 1436](#))

Sababni isaas, yommuu ishiin isa diddu, tarii haraamatti kufuu danda'a. Sababa kanaan zinatti akka kufuuf balbala bantiif. Akkasumas, wal jibbaa fi diinummaan ni uumama. Kanaafu, uzrii (rakkoo) akka laguu, dhukkubaa fi kkf yoo hin qabaatin, niitin abbaa manaatif tole jechu qabdi. Fedhii uumama guuttachuu haqa isaa waan ta'eef.

Garuu yoo rakkoo qabaatte, inni ishii dirqiisisuu hin qabu. Fuudhaa heerumni mararfannaal irratti waan hundaa'ef ishiif mararfachuu fi rahmata gochuufi qaba. Keessumattu, yeroo ishiin gadditu, dallantuu fi dadhabdu, ishii dirqiisisuu irra ishiif mararfachuu fi rahmata gochuun amala nama garaa laafu fi namaaf yaaduti.

#### **4-Hayyama isaa malee eenyullee mana isaa seensisuu dhiisu**

Rasuulli (SAW) akkana jedhan:

لَا تَصُمِ الْمَرْأَةُ وَبَعْلُهَا شَاهِدٌ إِلَّا بِإِذْنِهِ وَلَا تَأْذِنْ فِي بَيْتِهِ وَهُوَ شَاهِدٌ إِلَّا بِإِذْنِهِ

**“Osoo abbaan warraa ishii mana jiruu dubartiin hin soomin; osoo inni jiruu hayyama isaa malee mana isaa keessa akka seenu eenyufillee hin hayyamin.”**

#### **Sahih Muslim 1026**

Mana ishii namni akka hin seenne kan dhoowwitu, itti gammaduu (ridaa) abbaa warraa ishii tan hin beekne yoo ta'eedha. Garuu abbaan warraa ishii kan itti gammadu ta'uun tan beektu yoo taate fi ishitti seenuf nama hayyamamu yoo ta'e, mana seensisuu homaa rakkoo hin qabu. “ishitti seenuf nama hayyamamu” yommuu jennu nama ishii fuudhu hin dandeenyedha. Kan akka obboleessa ishii, abbeeraa ishii fi kkf. Garuu dhiira badhee (alagaa) ishii fuudhu danda'u, abbaan warraa yoo hin jiraatin ofitti seensisuu hin qabdu.

Balaan baay'een kan dhalatu yommuu niitin namuma argite gara manaa hayyama isaa malee seensiftuudha. Dhiira alagaa ishii fuudhu danda'u tanaan balaan isaa xiqqaa miti. "Namtichi tokko dubartii fuudhee akka jiraattuf gara mana maatii isatta fide. Isa waliin gammachuun jiraachu jalqabde. Ergasii obboleessi isaa xiqqaan yommuu inni mana hin jirre, niiti isatta seenuu ishitti haasawu eegale. Haasofni jaalalaa kuni wantoota lama dhalee: tokko dubartiin tuni dhiirsa ofii garmalee jibbuu jalqabde. Lammaffaa obboleessa isaa irraa jaalalan qabamte.

Garuu dhiirsa ishiis hiiku hin dandeenye, obboleessa isaa san waliinis wanta barbaaddu hojjachuu hin dandeenye. Kuni adabbii hamaadha."[\[1\]](#)

Kanaafi, badiin kuni hundi akka hin uumamneef Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan:

**"Dubartootatti seenu of eeggadhaa."** Ansaara irraa namtichi tokkoakkana jedhe, "Al-Hamwa ilaachisee maal jettaa?" Ergamaan Rabbis ni jedhan, "Al-Hamwu du'a." [Sahih Al-Bukhaari 5232](#)

Al-Hamwu jechuun fira dhiirsa ishii kan ta'eedha. Kan akka obboleessa isaa, ilma abbeeraa isaa, ilma eessuma isaa fi kannen biroo.

**5-Hayyama isaa malee qabeenya isaa baasu dhiisu-** Rasuulli (SAW)akkana jedhan:

"وَلَا شُفْقَةُ الْمُرْأَةِ شَيْئًا مِنْ بَيْتِهَا إِلَّا يَأْذِنُ رَوْجَهَا"

**"Dubartiin mana ishii keessaa hayyama abbaa manaa ishii malee homaa baasu hin qabdu."** [Sunan Abu Daawud 3565](#)

Gaafinakkana jedhu ka'uu danda'a: "Dhiirsi (abbaan manaa) ishii baasi ishii fi ijoolle ishitiif gahuu yoo dhoorgate maal gooti?" Deebiin isaa: "Qabeenya isaa irraa hanga ishii fi ijoolle ishii gahuu ni fudhatti. Ragaan kanaa hadiisa armaan gadiiti.

Niiti Abu Sufyaan tan taate Hind bint Utba gara Ergamaan Rabbii (SAW) dhufuunakkana jette, "Abu Sufyaan dhiira doy'a ta'eedha. Anaa fi wanta ijoolle tiyyaaf gahuu baasi naaf hin kenuu. Garuu osoo inni hin beekin qabeenya isaa irraa hanga ta'e nan fudha. Kuni narratti badii (dili) ni ta'aa? Ergamaan Rabbis (SAW) ni jedhan, "**Qabeenya isaa irraa haala gaarii ta'een wanta si fi ijoolle tee gahu fudhu.**" [Sahih Muslim 1714](#)

Wanti hubatamu qabu, dubartiin qabeenya abbaa warraa ishii dhoksaan fudhachuun israaf gochuu (qisaasesuu) hin qabdu. Akkana tan gootu yoo taate, rakkoon isaa fi ishii jidduutti ni uumama.

**6-Isaa fi ijoollee isaa tajaajiluu-** MaashaAllah akka aadaa keenyaatti dubartoonni abbaa manaa fi ijoollee isaanii haala gaariin tajaajiluuf ni carraaqu. Islaamnis kana ni jajjabeessa. Intala Rasuula tan taate Faaximaan abbaa manaa ishii tajaajila turte.

**7-Kabaja ishii, ijoollee isaatii fi qabeenya isaa eegu**  
Rabbiin Guddaan Olta'e ni jedha:

﴿فَالصَّلَحَتْ قَنِيتْ حَفِظَتْ لِلْغَيْبِ بِمَا حَفَظَ اللَّهُ﴾

**“Dubartoonni gaggaariin ajajamoodha; fagoottis waan Rabbiin isaan eegsisee tiksitoota.”** Suuratu An-Nisaa 4:34

Kana jechuun dubartoonni gaggaariin Rabbii fi dhiirsota isaanitiif ni ajajamu. Yommuu abbaan warraa isaanii irraa fagaatu fi isaan hin agarre, kabajaa ofiiti fi qabeenya isaanii ni tiiksu. Sagaagalummatti kufuu irraa of eegu.

**8-Isa galateefachu, tola isaa mormuu dhiisu fi isa waliin haala gaariin jiraachu**

Nama firaadhiisaa nama badheetu kan waan gaarii namaaf hojjate galateefachun wanta Islaamni jajjabeessudha. Nama firaadhiisaa immoo kana caalaa galateefachun ni barbaachisa. Hadiisa Abu Hureeyraan dabarse keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

”مَنْ لَا يَشْكُرُ النَّاسَ لَا يَشْكُرُ اللَّهَ”

**“Namni namoota hin galateefanne, inni Rabbiin hin galateefatu.”** [At-Tirmizi 1954](#), Abu Dawud 4811 gabaasan

Kanaafu, abbaan manaa niitii isaaf waan gaarii yommuu hojjatu, ishiin isa galateefachu fi dinqisifachuu qabdi. Akkuma isa galateefattu fi dinqisiifattuun wal jaalalli isaan jidduutti cimaa adeema. Faallaa kanaa, tan hin galateefannee fi wanta gaarii inni ishiif hojjatu tan busheessitu yoo taate, wal jibbi isaan jidduutti ni uumama. Ishiin is adabbiif of saaxilti. Hadiisa Abdullah ibn Umari fi Abu Sa'iid Al-Khudriyy gabaasan keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhu:

**“Yaa tuuta dubartootaa! Sadaqaa kennaa, istighfaara (Rabbiin irraa araarama kadhachuu) baay’isaa, harki caalaan warra ibiddaa isin ta’u argee jira.”** Dubartoota keessa dubartiin takka ni jette, “Yaa Rasulallah! Harki caalaan warra ibiddaa maaliif nu ta’ee?” Ergamaan Rabbiis ni jedhan, **“Abaarsa baay’istu, abbaa warraa keessan hin galateefattan...”** [Sahih Muslim 79](#), [Sahih Al-Bukhaari 1462](#)

Galateefachuu yommuu jennu arrabaan qofa galatoomi jechuu qofa osoo hin ta’in isatti gammachuu agarsiisuu, dhimmoota isaatii fi ijoolllee isaa bakkaan gahuu fi isa tajaajiluu of keessatti hammata. Akkasumas, wanta inni hin qabne fi hojjachuu hin dandeenyef isa komachuu dhiisu.

## **9-Isaaf of miidhagsuu fi faayu**

Akkuma hadiisa darbe keessatti jedhame, “Ergamaan Rabbii (SAW), “Dubartii tamtu gaariidha?” jechuun gaafatame. Innisakkana jechuun deebise, **“Yommuu ilaalu tan isa gammachiistu, yommuu ishii ajaju tan isaaf ajajamtu, lubbuu fi qabeenya ishii keessatti wanta inni jibbuun tan isa hin faalleessinedha.”** [An-Nisaa’i 3231](#)

Dubartiin abbaa manaa ishii yommuu ilaalu tan gammachiistu, yoo of miidhagsitee fi qulqillinnaa ofii eeggatteedha. Yommuu isaaaf of miidhagsitu fi qulqillinna ofii eeggattu, gara dubartii biraakka hin dharraane isa taasifti. Garuu faallaa kanaa, tan isaaaf of hin miidhagsinee fi qulqillinna hin eegganne yoo taate, qalbii isaa keessatti ishii jibbuu danda’aa. Sababa kanaan gara dubartii biraakka

dharra'a. Kanaafu, isaaf of miidhagsuu fi of qulqulleessun akka maagnetti isa harkisuu dandeessi.

### **10-Isaa fi ijoollee isaa irratti yommuu qabeenya ishii baastu, dhaadanna dhiisu.**

Dhaadanna jechuun tola namaaf hojjatan, "Kana siif hojjadhe,akkana siif godhe" jechuun nama san irratti of jajuudha. Dhaadannaan mindaa hojii gaarii balleessa. Akkuma Rabbiin olta'aan jedhe,

**"Yaa warra amantan! Sadaqaa keessan dhaadanna fi nama rakkisuudhaan hin balleessinaa."** Suuratu Al-Baqarah 2:264

### **11-Wanta xiqaati fi salphaatti gammaduu fi quufu, humna isaatii ol isa dirqisiisu dhiisu**

Dubartiin dubartii biraa ilaaluun akka ishiitti buluuf ni hawwiti. Hawwiin kuni yoo hin daangefamin, wanta qabanitti akka hin gammanne nama taasisa.

Dubartiin mu'mina (nama dhugaan amante) yoo taate, qananii Aakhirah kajeelun addunyaa tana keessatti wanta xiqaatti ni gammaddi. Abbaa manaa ishii wanta inni bituu ykn gochuu hin dandeenyetti hin dirqisiistu. Rabbiin olta'aan ni jedha:

لِيُنْفِقُ ذُو سَعْةً مِّنْ سَعْتِهِ وَمَنْ قُدِرَ عَلَيْهِ رِزْقٌ فَلَا يُنْفِقْ مِمَّا أَنْشَأَهُ  
اللَّهُ لَا يُكْلِفُ اللَّهُ نَفْسًا إِلَّا مَا أَتَاهَا سِيَّجَعَلُ اللَّهُ بَعْدَ عُسْرٍ سِرَّا

"Abbaan dandeetti qabu, dandeetti isaa irraa haa qallabu. Namni sooranni isaa isa irratti dhiphifame, waan Rabbiin isaaf kenne irraa haa qallabu. Rabbiin lubbuu tamiiyuu waan ishiif kenneen ala hin dirqisiisu. Rabbiin dhiphinna booda bal'inna ni godhaaf." Suuratu Ax-Xalaaq 65:7

**“Abbaan dandeetti qabu, dandeetti isaa irraa haa qallabu.”** Kana jechuun namni qabeenya bal’aa qabu qabeenya isaa irraa niiti fi ijoolle irratti wanta isaan gahu haa baasu. **“Namni sooranni isaa isa irratti dhifame, waan Rabbiin isAAF kenne irraa haa qallabu.”** Namni hiyyeessi rizqiin isaa itti dhiphatte, wanta Rabbiin isAAF kenne irraa maatii isaa irratti haa baasu. Rabbiin humnaa ol nama tokko hin dirqisiisu. **“Rabbitin dhifinna booda bal’inna ni godhaaf.”** Kuni gammachiisa Rabbii olta’aa irraa namoota rakkoo keessa jiraniif ta’eedha. Suurah (boqonnaa) bira keessatti ni jedha:

﴿فَإِنَّ مَعَ الْعُسْرِ يُسْرًا ﴾

**“Rakkina waliin laafinatu jira.**

**Dhugumatti rakkina waliin laafinatu jira.”** Suurat Ash-Sharh 94:5-6

Kanaafu, niitin abbaan manaa ishii rakkoo keessa yoo ta’e obsuu fi waan gaarii abdachuu qabdi.

**12-Wanta isa rakkisuu fi dallansuu hojjachuu dhiisu**

**13-Iccitii isaa eegu-** Iccitiin amaanaadha. Namni iccitii eegu nama amaanaa eegudha. Amala warroota dhugaan amananii (mu’mintootaa) keessaa tokko amaanaa eegudha. Rabbitin olta’aan ni jedha:

﴿وَالَّذِينَ هُوَ لَا مَنَّتْهُمْ وَعَاهَدَهُمْ رَعْوَنَ﴾

**“Isaan (mu’mintooni) amaanaa isaaniitii fi waadaa isaanii kanneen eeganiidha.”** Suuratu Al-Mu’meluun 23:8

Iccitiin yoo egggame, maatiin ni egggame. Yoo labsame immoo maatiin ni diiggama.

**14-Abbaa haadha isaa fi firoota isaa waliin haala gaariin waliin jiraachu**  
15-Isa waliin jiraachuuf fedhii cimaa qabaachu fi sababa tokko malee nikaah akka ishirraa buusu barbaadu dhiisu

**16- Yoo inni du'ee, ji'aa 4 fi bultii 10 turuu-** Ulfa tan hin qabne yoo taate fi dhiirsi ishii irraa yoo du'e, ji'aa afurii fi guyyaa 10 turuu qabdi. Hanga yeroon kuni dhumutti heerumu hin dandeessu. Ragaan kanaa

﴿وَالَّذِينَ يُتَوَفَّونَ مِنْكُمْ وَيَذْرُونَ أَرْوَاحَهَا يَتَرَبَّصُنَ بِأَنفُسِهِنَ أَرْبَعَةَ أَشْهُرٍ  
وَعَشْرًا فَإِذَا بَلَغُنَ أَجَلَهُنَ فَلَا جُنَاحَ عَلَيْكُمْ فِيمَا فَعَلْنَ فِي أَنفُسِهِنَ  
بِالْمَعْرُوفِ وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَيْرٌ﴾<sup>٢٣</sup>

"Isin irraas kanneen du'anii niitii of duubatti dhiisan, isaan (niitiwwan kunniin) ji'oota afurii fi guyyaa kudhan turuu qabu. Yeroo beellama isaanii guuttatan, waan isaan karaa gaariin nafsee ofii waliin hojjatan ilaachise badiin isin irraa hin jiru. Rabbiin waan isin hojjatan keessa Beekaadha."

Suuratu Al-Baqaraa 2:234

Dhiirsi niiti irraa yoo du'e, niitin ji'oota afurii fi guyyaa 10 turuu qabdi. Ji'oota afurii fi guyyaa 10 kana keessatti of hin miidhagsitu, shittoo hin dibattu. Sababni ji'a afurii fi bultii 10 akka turtu taasifameef, ulfa ta'uu ykn ta'uu dhiisu ishii akka beekkamufi. Ulfii yoo beekkame, ilmi abbaa irraa du'een waamama.

Garuu wanti murtii kanarrraa adda ta'u dubartii ulfa qabduudha. Dubartiin takka osoo ulfa qabduu abbaan manaa ishii yoo irraa du'e, yeroon turtii ishii hanga deessu.(Ilaali suuratu ax-Xalaaq 65:4) Tarii ji'a afurii gaditti dahuu dandeessi, tarii ji'a afurii olitti dahuu dandeessi. Erga deessen booda nama feetetti heerumu dandeessi.

**“Yeroo beellama isaanii guuttatan...”** Kana jechuun yeroo turtii isaanii yoo fixan. Yeroon turtii dubartii ulfa hin qabnee, ji'a afurii fi guyyaa 10. **“waan isaan karaa gaariin nafsee ofii waliin hojjatan ilaachise badiin isin irra hin jiru.”** Kana jechuun erga yeroon turtii xumurame booda, dubartoonni haala shari'aan ajajuun yoo of miidhagsanii fi of urgeessan warra isaanii irra rakkoon hin jiru. Akkasumas, heerumu danda'u. Aaya tana keessatti, warri (waliyyiin) dubartii, dubartii akka too'atu, wanta hojjachuun hin hayyamamne irraa akka dhoowwu qabuu fi wanta dirqama ta'eetti ajajuu akka qabu argisiisa.

**“Rabbiin waan isin hojjatan keessa Beekaadha.”** Kana jechuun Rabbiin hojiwwan keessan dhoksa fi ifaa, keessaa fi alaa hundaa beeka. [2] Wanti Isarraa dhokatu tokkollee hin jiru. Ergasii wanta hojjattaniif jazaa isiniif kafala. Jazaan kuni takkaa mindaa gaarii takkaa immoo adabbii ta'a.

## Guduunfaa

Haqa abbaan manaa haadha manaa isaatirraa qabu muraasa isaanii haala kanaan tarreessun ni danda'ama:

- 1-*Wanta inni ajaju keessatti isaaf ajajamuu*
- 2-*Hayyama isaa malee manaa bahuu dhiisu*
- 3-*Abbaan manaa gara siree yommuu ishii waamu tolee jechuu*
- 4-*Hayyama isaa malee eenyullee mana isaa seensisuu dhiisu*
- 5-*Hayyama isaa malee qabeenya isaa baasu dhiisu*
- 6-*Isaa fi ijoollee isaa tajaajiluu*
- 7-*Kabaja ishii, ijoollee isaatii fi qabeenya isaa eegu*
- 8-*Isa galateefachu, tola isaa mormuu dhiisu fi isa waliin haala gaariin jiraachu*
- 9-*Isaaf of miidhagsuu fi faayu*
- 10-*Isaa fi ijoollee isaa irratti yommuu qabeenya ishii baastu, dhaadanna dhiisu.*
- 11-*Wanta xiqqaa fi salphaatti gammaduu fi quufu, humna isaatii ol isa dirqisiisu dhiisu*
- 12-*Wanta isa rakkisuu fi dallansuu hojjachuu dhiisu*

- 13-Iccitii isaa eegu*
- 14-Abbaa haadha isaa fi firoota isaa waliin haala gaariin waliin jiraachu*
- 15-Isa waliin jiraachuuff fedhii cimaa qabaachu fi sababa tokko malee nikaah akka ishirraa buusu barbaadu dhiisu*
- 16- Yoo inni du'ee, ji'aa 4 fi bultii 10 turuu*
- 

### **Kitaabban Wabii**

Sahih Fiqhu Sunnaah -Jiildi 3,fuula 192-197, Abu Maalik

[1] An Advice on Establishing Islamic home-Shek Muhammad Salih munajjad-

page 90

[2] Taysirul Kariimil Rahmaani fii tafsiiri kalaamil Mannaani- Abdurrahman Sa'diyy-fuula105

# Haqa Niitin Abbaa warraa irraa Qabdu

Akkuma abbaan warraa niiti isaa irraa haqa qabuu haati warraas isa irraa haqa baay'ee qabdi. Kutaa darbe keessatti haqa abbaan warraa niiti isaa irraa qabu ilaalle turra. Amma immoo haqa niitin abbaa warraa ishii irraa qabdu ni ilaalla.

Haqa niitin abbaa warraa irraa qabdu bakka gurguddoo lamatti goodun ni danda'ama. 1ffaa-Haqa qabeenyaa (huququ maaliyyah). Kan akka mahrii, qallaba, uffata, mana jirenyaa fi kkf. 2ffaa-Haqa qabeenyan ala ta'e. Kanneen akka ishiif mararfachuu.

Mee amma haqoota lamaan kanniin wal duraa duuban haala armaan gaditiin haa ilaallu:

**1-Mahrii kennuufi-** yeroo darbe waa'ee mahrii ilaalle turre. Mahrii jechuun kennaadhiirri tokko dubartii fuudhu barbaaduf kennuudha. Mahrii ishiif kennuun haqa ishiiti. Gonkumaa haqa kana jalaa saamu hin danda'u. Rabbiin olta'aan ni jedha:

﴿وَأَتُوا النِّسَاءَ صَدْقَتِهِنَّ نِحْلَةً﴾

“Dubartootaaf mahrii isaanii kenniinsa jaalalaa ta'e kennaaf.” Suuratu An-Nisaa 4:4

Kana jechuun dubartoota fuudhu barbaaddaniif kennaad lubbuun teessan jaallattee fi itti gammadde kennaaf.

**2-Nafaqaa (baasii)-** niiti fi ijoollee isaa irratti baasi isaan barbaachisu baasun abbaa warraa irratti dirqama. Baasiin kuni qallaba, uffata, mana jirenyaa fi kkf of keessatti hammata. Dhiirsii niiti irratti baasii baasun dirqama akka ta'e Qur'aana, Sunnah, waligaltee Muslimootaa fi aqliin kan mirkanaa'edha.

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Qur'aana keessatti ni jedha:

لِيُنْفِقُ ذُو سَعْةٍ مِّنْ سَعْتِهِ وَمَنْ قُدِرَ عَلَيْهِ رِزْقُهُ فَلَا يُنْفِقْ مِمَّا آتَاهُ  
اللَّهُ لَا يَكْلِفُ اللَّهُ نَفْسًا إِلَّا مَا أَتَاهَا إِنَّمَا يَعِذُّ بِعُذْرٍ سَرِيرًا

٦

“Abbaan dandeetti qabu, dandeetti isaa irraa haa qallabu. Namni sooranni isaa isa irratti dhiphifame, waan Rabbiin isaf肯ne irraa haa qallabu. Rabbiin lubbuu tamiyyuu waan ishiif kenneen ala hin dirqisiisu. Rabbiin dhiphinna booda bal'inna ni godhaaf.” Suuratu Ax-Xalaaq 65:7

“Abbaan dandeetti qabu, dandeetti isaa irraa haa qallabu.” Kana jechuun namni qabeenya bal'aa qabu qabeenya isaa irraa niiti fi ijoolle irratti wanta isaan gahu haa baasu. “Namni sooranni isaa isa irratti dhiphifame, waan Rabbiin isaf肯ne irraa haa qallabu.” Namni hiyyeessi rizqiin isaa itti dhiphatte, wanta Rabbiin isaf肯ne irraa maatii isaa irratti haa baasu.

Ammas Aayah biraa keessatti ni jedha:

﴿ وَالْوَلِدَاتُ يُرْضِعْنَ أُولَدَهُنَّ حَوْلِينَ كَامِلَيْنِ لِمَنْ أَرَادَ أَنْ يُتِمَّ الرَّضَاعَةَ وَعَلَى الْمَوْلُودِ لَهُ رِزْقُهُنَّ وَكِسْوَتُهُنَّ بِالْمَعْرُوفِ ﴾

**“Nama yeroo hoosisaa guutuu fedheef haadholiin ilmaan isaanii waggaa lama guutuu hoosisu. Soorataa fi uffata isaanii haala fudhatamaa fi beekkamaa ta’een kenuun nama ilmi isaaf dhalate irra jira.”** Suuratu Al-Baqarah 2:233

Kana jechuun abbaa manaa fi haati manaa waliin mari’achuun daa’ima ofii waggaa lama guutuu hoosisu yoo barbaadan, haati waggaa lama guutuu hoosisu dandeessi. Namni ilmi isaaf dhalate (abbaan) soorataa fi uffata haadha ilma isaatiif kenuun dirqama. Jecha biraatiin niiti isaatiif qallabaa fi uffata kenu qaba. Hangi qallabaa fi uffataa kunis haala namoota keessatti beekkamaa ta’eenii fi dandeetti dhiirsaa irratti hundaa’ a. Osoo hin qisaasessinii fi hin doy’oomin hanga dandeettin isaa hayyamuun ishii qallabuu fi uwvisuu qaba.

Baasin dhiirmaa irratti dirqama ta’uu mirkaneessu Sunnaah irraa, hadiisa Mu’awiyaaan gabaasedha.

Mu’awiyah Al-Qusheyriyy akkana jedha: Yaa Ergamaa Rabbii! Tokkoon keenya keessaa haqni niitin isarraa qabdu maaliidhaa?” Ergamaan Rabbiis (SAW) ni jedhan, **“Yommuu nyaattu nyaachisu, yommuu uffattu ishii uffisuu, fuula ishiitirra hin rukutin, ishii hin fokkisin, manatti malee ishiin hin oodin.”** [Sunan Abu Daawud 2142](#) ‘ishii hin fokkisin’ jechuun ‘Rabbiin si haa fokkisu’ hin jedhiin.

Dhiironni gariin alatti foon cicciranii ni nyaatu. Garuu niiti isaaniittii waa hin kennan. Kuni amala badaadha. Hadiisni armaan olii amala badaa kanarrraa nama dhoowwun amala gaaritti nama qajeelcha. “Teeti quuftee ishii beela hin bulchin, teeti uffathee ishii hin daarsin, fuula ishii irra hin rukutin, hin arrabsin” yaada jedhu qaba.

Manajireenyaa qopheessunis abbaa warraa irratti dirqama akka ta’e Qur’aana keessatti Rabbiin olta’aan ni dubbata:

﴿أَسْكِنُوهُنَّ مِنْ حَيْثُ سَكَنْتُمْ مِنْ وُجْدِكُمْ وَلَا تُضَارُوهُنَّ لِتُضَيِّقُوْا عَلَيْهِنَّ﴾

“Dandeetti keessan irraa bakka qubattan isaan qubsisa. Isaan irratti dhiphisuuf jecha isaan hin rakkisinaa.” Suuratu Ax-Xalaaq 65:6

Dandeetti keessan irratti hundaa’e bakka ofii jiraattan niitiwwan keessanis jiraachisaa. Niitiwwan keessan irratti dhiphisuuf jecha dubbii fi hojii badaan isaan hin dararinaa ykn hin rakkisinaa.

### 3-Haala gaariin niiti isaa waliin jiraachuu

Wanti asitti barbaadame haala gaariin waliin gamtoomu, ishii rakkisuu irraa of qusachuu, dandeetti osoo qabanuu haqa ishii dhoowwachu dhiisuu, fuulaan ishiitti tolu fi itti seeqachuudha. Hundeen kanaa jecha Rabbii olta’ati:

﴿وَعَاشُرُوهُنَّ بِالْمَعْرُوفِ فَإِنْ كَرِهْتُمُوهُنَّ فَعَسَى أَنْ تَكُرَهُوا شَيْئًا وَيَجْعَلَ اللَّهُ فِيهِ خَيْرًا كَثِيرًا ﴾١٩

“Haala gaariin isaa waliin jiraadhaa. Yoo isaan jibbitan, [obsaa]; tarii isin waan tokko ni jibbitu, Rabbii isaa keessa kheeyri baay’ee gochuu danda’a.” suuratu An-Nisaa 4:19

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:  
”خَيْرُكُمْ خَيْرُكُمْ لِأَهْلِهِ وَأَنَا خَيْرُكُمْ لِأَهْلِي”

**“Irra gaariin keessan haadha warraa isaatiif gaarii kan ta’eedha. Ani haadha warraa kootiif hunda keessan irra gaarii kan ta’eedha.”** [Sunan Ibn Maajah 1977, Jaami’ a At-Tirmizii 3895](#)

Dhugaa kana haati manaa Rasuulaa (SAW) Aa’ishaan ragaa baati. Akkana jechuun gaafatamte, “Ergamaan Rabbii (SAW) mana keessatti maal hojjataa turee?” Ishiinis ni jette, “Maaatii isaa tajaajiluun of ko’oomsa. Yommuu salaanni gahu, gara salaataa deema.” [Sahih al-Bukhaari 6039](#)

Haala gaariin waliin jiraachuun jecha walii gala haqni hundi keessa seenudha. Wantoonni armaan olitti dubbannee fi kan armaan gaditti itti dhufnu hundi haala gaariin waliin jiraachu keessa seena. Namni haadha warraa isaa irratti baasi ishii barbaachisu yoo kenneef, dubbiif gaarii yoo itti dubbate, fuula gaarii yoo itti agarsiise, ishii miidhu irraa yoo of qabe fi haqoota ishii biroo yoo bakkaan gahe, haala gaariin ishii waliin jiraachaa jiraa jechuudha.

#### **4-Niiti isaatiif mararfachuu, ishii taphachiisuu fi umriiin ishii xiqqaa akka ta’etti ilaalu**

Dhiirska kanaaf Rasuula (SAW) keessa fakkeenyatu jira. Nabiyyiin (SAW) Aa’isha waliin figicha irratti wal dorgomaa ture. Akkana jedhaan, “Koottu si dorgomaa” Ishiinis isa ni dursiti. Erga furdattee foon horattee booda ishii waliin ni dorgome. Ergasii ishii ni durse. Itti kolfuunakkana jedheen, “Tuni moo’atamuun saniini” (Kana jechuun akkuma ati yeroo darbe na moo’atte anis har’ a si moo’adhe).” (Musnad Ahmad 6/264, Abu Daawud 2578)

Waliif mararfachuu fi waliin taphachuun, jalqaba fuudhaa heerumaa irratti garmalee hoo’adha. Garuu akkuma yeroon darbuun ligidaa’ a (qoraa) adeema. Inuma niiti ofii caalaa nama namoota badheef mararfatuu fi waliin taphatutu jira. Niiti isaatti gogogiinsaa fi jabeenya itti agarsiisa. Ishiif mararfachuu fi waliin taphachuun hin jiru. Kuni jecha, “**Haala gaariin waliin jiraadhaa**” jedhu faallessa. Kanaafu, namni niiti isaatiif mararfachuu qaba. Akkasumas, ishii waliin taphachuun hariiroo wal jaalalaa jabeessun ni danda’ama.

**5-Niiti isaa waliin haasawuu fi wanta ishiin jettu sirnaan dhageefachu-** haala jirenyaa waliin haasawunii fi wal dhageefachuun bu'aa guddaa fida. Namni yoo wal dhageefate, rakkoo walii fura. Boonaa walirraa garagaluun immoo amala badaa fi rakkoo kan hin furreedha. Rabbiin olta'aan Qur'aana keessatti ni jedha:

وَلَا تُصْعِرْ خَدَّكَ لِلنَّاسِ وَلَا تَمْشِ فِي الْأَرْضِ مَرَحًا إِنَّ اللَّهَ  
لَا يُحِبُّ كُلَّ مُخْتَالٍ فَخُورٍ<sup>١٨</sup>

"[Boonun] maddii [boqoo] kee namoota irraa hin garagalchin; dachii keessa oftuulaa hin deemin. Dhugumatti Rabbiin oftuulaa, of dhaadaa hunda hin jaallatu." Suuratu Luqmaan 31:18

Kana jechuun yommuu namoonni sitti haasawan, isaan tufachuu fi irratti of-tuuluun isaan irraa hin garagalin. Garuu isaaniif laafi, fuula kee diriirsif. [Wanta isaan jedhan dhageefadhu]. Of-tuulaa jechuun nama nafsee ofii dingisifatuu fi of jajuudha. Of dhaadaan immoo dubbiin namoota irratti kan of dhaadatuudha. "Ani hojii guddaa akkanaa hojjadhe, ani amala gaarii akkanaa qaba, qabeenya hanganaa qaba..." jechuun namoota irratti of dhaadachuudha. Rabbiin kana hunda hin jaallatu. (Tafsiir ibn Kasiir, tafsiira suuratu Luqmaan aayah 18ffaa fi kitaabban tafsiira biroo irraa)

Kanaafu, abbaan warraa niiti waliin yommuu haasawu ishii tufachuu osoo hin ta'in ishii dhageefachu qaba.

## **6. Dhimma amantii ishii ishii barsiisuu fi Rabbiif ajajamuu irratti ishii kakaasu**

Namni niitiin isaa isaaf akka qajeeltu barbaadu, Islaama ishii barsiisuu ykn akka barattu irratti ishii jabeessu qaba. Islaamni eessarraa kaate eessa deemu akka qabdu, maaliif addunyaa tana keessa akka jiraattu, akkamitti abbaa manaa waliin

jiraachu akka qabdu ishii barsiisa. Iimaanni qalpii dubartii keessatti hidda yoo qabate, ifaa fi dhoksatti waan badaa irraa of qabdi, waan gaarii immoo ni hojjatti. Haala kanaan, adabbii dubartoonni iimaanaa hin qabne adabaman irraa nagaha baati. Kanaafî, Rabbiin olta'aan akkana jechuun warroota amanan ajaja:

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُواْ قُوَّاً أَنفُسَكُمْ وَأَهْلِيَّكُمْ نَارًا وَقُودُهَا أُلَّا تَأْسُ وَالْحِجَارَةُ عَلَيْهَا مَلِكَةٌ غِلَاظٌ شِدَادٌ لَا يَعْصُونَ اللَّهَ مَا أَمْرَهُمْ وَيَفْعَلُونَ مَا يُؤْمِرُونَ﴾

“Yaa warra amantan! Lubuu keessanii fi maatiwwan keessan ibidda qoraan isaa namootaa fi dhagaa heddu ta'e irraa eegaa. Isa (ibidda) irra malaaykota garaa jabeeyyi, ciccimoo ta'antu jiru. Waan Rabbiin isaan ajaje hin faallessan; waan ajajamaniis ni hojjatu.” Suuratu At-Tahriim 66:6

Yaa warra Rabbitti amantanii fi wanta Inni beeksisee dhugoomsitan! Wanta Inni itti ajajee hojjachuu fi wanta Inni irraa dhoowwe dhiisun lubbuu fi maatii keessan ibidda irraa eegaa. Kanaafu, namni tokko nafsee ofiiti fi maatii isaa ibidda irraa eeguf wantoota kanniin bakkaan gahuu qaba: Mataa ofiiti waan Rabbiin itti ajaje ni hojjata, waan badaa Inni irraa dhoowwe ni dhiisa, badii hojjate irraa buqqa'uun gara Rabbii isaa deebi'ee araarama kadhata. Maatii isaa baraaruf immoo: waan gaariitti isaan ni ajaja, waan badaa irraa ni dhoowwa, waa'ee kanaa ilaalchissee beekumsa isaan barsiisa. Rabbiin jalla wa'alaa aaya biraa keessatti ni jedha:

﴿وَأَمْرُ أَهْلَكَ بِالصَّلَاةِ وَأَصْطَبَرَ عَلَيْهَا لَا نَسْلُكَ رِزْقًا نَّحْنُ نَرْزُقُكَ وَالْعَاقِبةُ لِلتَّقْوَىٰ﴾

**“Maatii keetis salaatatti ajaji. Isa (salaata) irrattis obsi. Nuti soorata si hin gaafannu, Nutu si soora. Xumurri gaariin warra Rabbiin sodaataniif ta’ा.”**

Suuratu Xaahaa 20:132

Warri Rabbiin sodaatan warra waan Rabbiin itti ajaje hojjatanii fi waan Inni dhoowwe dhiisun adabbii irraa of eeganiidha.

Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa warri amanan of eeggannoo cimaa akka godhaniif amala ibiddaa ibse. Boba’aan ykn qoraan ibidda kanaa namoota kafaranii fi dhagaadha. Kanarratti dabalatee, malaaykota garaa jabeenyi rahmata hin qabneetu ibidda kanarra jira. Osoo hanga fedhan itti warwaatanii nama jalaa hin dhagahan. Humni isaaniis garmalee cimaadha. Akkasumas, wanta Rabbiin isaan ajaje gonkumaa hin faalleessan. Waan ajajaman ni hojjatu.

Addunyaa tana irrattu, nama tokkoon “Yakka yoo hojjatte, mana hidhaa dukkanaa seenta. Waardiyaan gara-jabaataa rahmata hin qabneedha. Adabbii adda addaatin nama azzaba (adaba)” osoo jedhaniin, namni kuni yakka ni hojjataa? Fedhii lubbuu hordofuu tarii yakka hojjachuu danda’aa. Garuu adabbii yakka isaa ni dhandhama. Ergasii osoo hojjachuu baadhe jechuun garmalee gaabba. Kanaafu, namni ofii fi maatii isaa adabbii ibiddaa cimaa ta’ee kanarraa eeguuf tattaafachu qaba. Maatii isaa yommuu jennuu ijoollee, niiti fi namoota itti-gaafatatumaa isaa jala jiraniidha.

## **7-Shari’aa Rabbii keessatti bakka duwwaa yoo hin dhiisin, dogongora muraasa ishii irraa ija gadi qabachuu.**

Namni tokko dubartii waliin yommuu jiraatu "Dhibbaan dhibbatti guutu fi akka ani fedhutti na waliin jiraachu qabdi." yoo jedhe, mataa isaatii fi ishii ni miidha. Dogongora ishiin hojjatte hundaa ishii irratti qabuun ganamaa galgala itti nyakkisuu osoo hin ta'in, dogongora xixxiqaa ishii irra darbuu fi gorsuudha. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

لَا يَفْرُكْ مُؤْمِنٌ مُّؤْمِنَةً إِنْ كَرِهَ مِنْهَا حُلُقًا رَضِيَ مِنْهَا آخَرَ ”

**"Dhiirri dhugaan amane (mu'iminni) tokko dubartii dhugaan amante**

**(mu'imintitti) takka hin jibbin. Amala tokko yoo ishii irraa jibbe, amala biraa immoo irraa jaallata.**" ([Sahih Muslim 1469](#))

### **8-Ishii arrabsuu fi fuula ishiitirra rukutuun ishii dararuu dhiisu**

Namoonni gariin aadaa godhachuun niiti isaanii ni arrabsu, ni tumu (ni rukutu). Garuu kuni adeemsa sirrii miti. Niiti ofii rukutuun kan hayyamamuu qajeelfamoota armaan gadii yoo hordofeedha:

**1ffaa**-Jalqaba ishii gorsuu. Yoo gorse dadhabee ciisicha irratti ishiin oodu. Yoo kuni hundi ishii sirreessu dide, osoo hin miidhiniif mallattoo irratti hin hanbisin rukutu.

**2ffaa**-Rukuttaan naamusa qabsiisuuf qofa ta'uu qabaa malee mallattoo fi miidhaa kan ishii irratti hanbisu ta'uu hin qabu. Lafaa cabsuu, fuula ishii irra rukutuu, dhiiga jiigsu hin qabu.

**3ffaa**-Yoo isaaf ajajamte, ishii rukutuu irraa of qabuudha. (Wantoonni sadan kunni suuratu An-Nisa 4:34 keessatti kan guduunfameedha.)

Kanaan alatti dubartoota akka beelladaa reebuu fi rukutuun wanta fudhatama hin qabneedha. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

لَا يَحِلُّ أَحَدُكُمْ امْرَأَتُهُ جَنْدُ الْعَبْدِ، ثُمَّ يُجَامِعُهَا فِي آخِرِ الْيَوْمِ .

**“Tokkoon keessan niiti isaa akka gabrichaa hin reebin. Ergasi xumura guyyaa ishii waliin qunnamtii raawwata.”** [Sahih Al-Bukhaari 5204](#)

Namni gariin akka gabrichaa ishii reebun halkan fedhii ofii guuttachuuf ishitti dhufa. Hadiisni kuni kan agarsiisu namni tokko niiti ofii akka gabrichaatti reebu ykn tumuu akka hin qabneedha. Ishii rukutuun kan danda'amu qajeelfamoota armaan olii yoo hordofeedha. Osoo barruu kana barreessu jidduun

[www.islamqa.info](#) irra gore. Barruu achi keessatti arge keessaa tokko, “Namticha niiti ofii ajeesedha.” Mataa ishii dhaaba manaatti buuse. Ergasii ishiinis gaggabdee achumaan duutee hafte. Kanaafu, namni yommuu nama rukutu of eeggachu qaba.

Aa’ishaan (Radiyallahu anhaa) akka gabaastetti, Ergamaan Rabbii (SAW) gonkumaa harka isaanitiin eenyullee rukutanii hin beekan, dubartii ta’i, tajaajilaa (kaadima) ta’i hin rukunne yoo karaa Rabbii keessatti qabsaa’an malee.” [Sahih Muslim 2328](#)

Karaan gaariinakkuma Rasuulli dubartoota hin rukunne dubartii rukutuu irraa of quisachuudha. Kana irra ishii gorsuu fi tooftaalee ishii sirreessu biroo fayyadamuudha.

### 9-Kabaja ishii eegu

Akkuma dhiirri fedhii foonii uumama qabuu dubartiinis fedhii foonii uumamaa qabdi. Fedhii ofii guuttachuufakkuma gara ishii dhufu, ishiinis yommuu fedhii ofii guuttachuu barbaaddu fedhii ishii guutufi qaba. Rabbiin olta’aan ni jedha:

وَلَهُنَّ مِثْلُ الَّذِي عَلَيْهِنَّ بِالْمَعْرُوفِ

“Isaaniifis (dubartootaafis) fakkaata akka isaan irra jiruutu haala gaariin isaaniif jira.” Suuratu Al-Baqarah 2:228

Kana jechuunakkuma dhiirsonni niitiwwan irraa haqa qaban, niitiwwanis dhiirsota irraa haqa qabu.

Fedhii foonii uumama guuttachun haqa dubartiin abbaa manaa ishii irraa qabdu keessaa tokkoodha. Kanaafu, abbaan manaa fedhii ishii guutun haraama irraa ishii eegu qaba.

**10-Iccitii ishii ifaa baasu hin qabu, aybii (hanqinna dhoksa) ishii dubbachuu dhiisu.** Iccitiin bakka lamatti qoodama. Iffaa-Iccitii sireeti. Iccitiin kuni gonkumaa namootatti himamuu hin qabu. Gola ciisichaa keessaa kan hin baanedha. Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: “**Guyyaa Qiyaamaa namni**

**Rabbiin biratti sadarkaan badaa (gadi bu'aa) ta'e nama niiti isaatti dhufee ishiilen itti dhufte (kana jechuun wal-qunnamti raawwatanii) ergasii iccitii ishii ifatti baasedha." ([Sahih Muslim- 1437](#)-kitaabu nikaah)**

2ffaa- iccitii kanaa gadi kan ta'e iccitii mana keessaati. Iccitiin kunis eeggamu qaba. Akkuma yeroo darbe jenne iccitiin amaanadha. Amaanaa eegun amaloota warra amananii (mu'mintootaa) keessaa tokko.

### **11-Akkuma ishiin isaaf of miidhagsitu innillee ishiif of miidhagsuu**

Ibn Abbaas (Radiyallahu anhu) akkana jedha: "Akkuma niitin anaaf jettee akka of miidhagsitu jaalladhu, anillee ishiif of miidhagsuu nan jaalladha. Sababni isaas, Rabbiin olta'aan ni jedha:

وَلَهُنَّ مِثْلُ الَّذِي عَلَيْهِنَّ بِالْمَعْرُوفِ

"Isaaniifis (dubartootaafis) fakkaata akka isaan irra jiruutu haala gaariin isaaniif jira." Suuratu Al-Baqarah 2:228

Kana jechuun akkuma dhiirsonni niitiwwan irraa haqa qaban, niitiwwanis dhiirsota irraa haqa qabu.

### **12-Zanni ishiif qabuu bareechisuu- kana jechuun waa'ee ishii ilaachisee yaada gaarii yaadu.**

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿يَا يَهَا الَّذِينَ ءاْمَنُوا اْجْتَنَبُوا كَثِيرًا مِّنَ الظَّنِّ إِنَّ بَعْضَ  
 الظَّنِّ إِثْمٌ وَلَا تَجْسُسُوا وَلَا يَغْتَبْ بَعْضُكُمْ بَعْضًا﴾

**“Yaa warra amantan seehaa (mamii) hedduu irraa fagaadha. Gariin mamii  
 diliidha (cubbuudha). Walis hin basaasinaa. Gariin keessanis garii hin  
 hamatin.” Al-Hujuraat (49): 12**

Dhiironni gariin wanta xiqaaf fi guddaan haadha warraa isaanii shakkuun issaan  
 basaasu ykn garmalee hordofu. Wanti qabatamaan nama shakkisiisu yoo jiraate,  
 eeti shakkuun wanta jiruudha. Garuu lafumaa ka'anii cal'isaniitumaan shakkii  
 baay'isuun amala badaa baditti nama geessudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aala  
 warroonni amanan (mu'mintooni) waliif waan gaarii yaadu akka qaban haala  
 kanaan gorsa:

لَوْلَا إِذْ سَمِعْتُمُوهُ ظَنَ الْمُؤْمِنُونَ وَالْمُؤْمَنَاتُ بِأَنفُسِهِمْ خَيْرًا وَقَالُوا هَذَا  
 إِنْكُمْ مُّبِينُ ﴿١٢﴾

**“Maaliif yeroo isa dhageessan mu'mintooni dhiiraas ta'e kanneen  
 dubartootaa, ofii isaanitiif toltaa yaadun, “Kuni soba ifa bahaadha” jechuu  
 dhabanii?” Suuratu An-Nuur 24:12**

Yeroo munaafiqonni Aa'ishaa (radyallahu anhaa) maqaa xureessan, rakkoon guddaan uumame ture. Mu'mintooni gariin wanta munaafiqonni jedhan amanuun wanta hin taane dubbatan. Munaafiqonni kijibdoota waan ta'aniif dubbiin dhugaan isaan irraa hin eeggamu. Kanaafi, Rabbiin aayah armaan olii keessatti akkana jechuun mu'mintoota gorsa: "waa'ee Aa'ishaa ilaachisee yommuu dubbii sobaa dhageessan gariin keessan gariif waan gaarii yaadun, "Kuni soba ifa bahaadha" maaliif hin jennee?"

Waan gaarii walii yaadu yommuu jennu, mu'mintooni warra iimaana qaban waan ta'aniif waan badaa akkanaa hojjachuu irraa qulqulluudha jedhanii yaadudha. Iimaanni isaanii wanta badaa maqaa ittiin xureefaman akka hin hojjanne isaan taasisa. Osso wanta badaa san hojjataniyyuu haqni Muslimni tokko Muslima biraa irraa qabu, badii san isaaf dhoksuu fi addatti isa gorsuudha. Wanta badaa inni hojjate namoota keessa facaasun amala gadheedha.

Nama faasiqa tokkotu nama tokkotti dhufee, "Eebalu wanta badaa akkana hojjata" jedheen. Namni inni maqaa xureessu kuni nama salaata salaatu. Innis aayah armaan olii tana yaadachuun, "Badi asi! Wanta ati jettu irraa inni qulqulluudha." jechuun sharrii isaa jalaa fashaleesse. Kanaafu, namni niiti isaa iimaana qabduu fi obboleeyyan isaa Musliimaa ilaachisee yaada gaarii yaadu qaba.

## Guduunfaa

Haqoota niitin abbaa manaa ishii irraa qabdu haala kanaan tarreessun ni danda'am a

**1-Mahrii ishiif kennuu**

**2-Nafaqaa (baasii)- soorata, uffata fi mana jireenyaa ishiif qopheessu**

**3-Hala gaariin niiti isaa waliin jiraachuu**

**4-Niiti isaatiif mararfachuu, ishii taphachiisuu fi umriin ishii xiqqaa akka ta'etti ilaalu**

**5-Niiti isaa waliin haasawuu fi wanta ishiin jettu sirnaan dhageefachu**

**6. Dhimma amantii ishii ishii barsiisuu fi Rabbiif ajajamuu irratti ishii kakaasu**

**7-Shari'aa Rabbii keessatti bakka duwwaa yoo hin dhiisin, dogongora muraasa ishii irraa ija gadi qabachuu.**

**8-Ishii arrabsuu fi fuula ishiitirra rukutuun ishii dararuu dhiisu**

**9-Kabaja ishii eegu**

**10-Iccitii ishii ifaa baasu hin qabu, aybii (hanqinna dhoksa) ishii dubbachuu dhiisu.**

**11-Akkuma ishiin isaaf of miidhagsitu innillee ishiif of miidhagsuu.**

**12-Waa'ee ishii ilaachisee yaada gaarii yaadu.**

**13-Yoo fitnaan hin jiraatin, gara Jama'aa deemu fi fira ishii gaafachuuf yoo hayyamsiiste ishiif hayyamuu.**

#### **Kitaabban Wabii**

Sahih Fiqhu Sunnah -Jiildi 3,fuula 197-214, Abu Maalik

Fiqhu Maysiir fii daw'il Kitaabi wa sunnati– fuula 304

Taafsiir Ibn Kasiir

Tafsiir Sa'diyyi fi tafsiira biroo

#### **Barruulee Dabalataa argachuuf:**

**www.sammubani.com**